

Ulfa baasuu (Abortion)

Ulfa baasuun (Abortion) yookan ulfa addaan kutuun (termination of pregnancy') yeroo itti yaadamee ulfi akka bahu godhamuu dha.

- Ulfa baasuun Victoria keessatti seerawaa (legal) dha.
- Gosau ulfa basuu lamatu jiran: baqaqsaan (**surgical**) fi qoricha yokan daawaa (**medication**) dha. Gosni lamaanuu nageenya kan qabuu fi abdachiisaa (reliable) dha.
- Victoria keessatti, hanga ulfi torban sagal guututti qoricha fudhattee ulfa of keessaa baasuu dandeessa. Torban jaha irraa qabdee ammo baqaqsaan (surgical) ulfa baasuu dandeessa.
- Mana yaalaa ulfa basuu (abortion clinic) Victoria keessaa bal'ina lafaa hanga meetirii 150 gahu namni wal'aansaa dhqaq dhimmi itti bahu qabaata. Kana jechuun osoo namni na arge jedhhee hin yaadda'in seenuu fi bahuu dandeessa jechuu dha.
- Doktorri fayyaa ulfa baasuu hin barbaadne doktora kan biro odeeaffannoo ulfa baasuu fi tajaajila siif kennuti si dabarsuu qaba.
- Dhibeen fayyaa ulfa baasuu boodaan dhufuu malu baay'ee yaertuu dha. Ulfa baasuudhaan booda dhibee fayyaa keetiif ni yaaddofta yoo tahe gargaarsa wal'aansa fayyaa barbaadi.
- Ulfa of irraa baasuu yoo yaadaa jirta tahee fi waa'ee ulfa baasuu irratti odeeaffannoo fi tajaajila Victoria keessaa baruu yoo barbaadde 1800myoptions.org.au yokan 1800MyOptions lakkofsa 1800 696 784 irratti bilbili.

Ulfa baasuu kan qorichaa fi baqaqsuu wal cina madaaluu

	Qorichaan ulfa baasuu (Medication abortion)	Baqaqsuu ulfa baasuu (Surgical abortion)
Tartiiba akkamii qaba?	<ul style="list-style-type: none">• Hin-baqaqsamu, akkuma gatachuutiin wal fakkaata• Kana raawwachuuvis qorichatu fudhatama.	<ul style="list-style-type: none">• Baqaqsuun, yeroo hedduu hadoochaa fudhachuu waliin raawwatama.
Kun hangam bu'a qabeessa dha?	<ul style="list-style-type: none">• Dhibbatti harka 95 hanga 98 abdachiisaa dha.• Dubartootni dhibbatti harki lamaa hanga shanii gahan qoricha dabalaan barbaadan yokan ulfa baasuu qulqulleessuuf qbaqasuu (surgical) barbaadu	<ul style="list-style-type: none">• Dhibbatti harka 98 abdachiisaa dha.
Kana tajaajilawwan fayyaa isa kamtu kenna?	1800 MyOptions.org.au laali Filmaatni jiran tarrii kan dabalu: <ul style="list-style-type: none">• Dkotora Maatii (General practitioners)• Giddu-baleessa Tajaajila Fayyaa Hawaasaa• Kilinika dhuunfaa ulfa baasuu fi hospitaala• Mana yaalaa Ummataa• Kara 'telehealth', gorsa bilbila irraa kennamu, yeroo ulfa tahuun qorannoodhaan (test) mirkaneessamu	1800MyOptions.org.au laali Filmaatni jiran tarrii kan dabalu: <ul style="list-style-type: none">• Mana yaalaa Ummataa• Mana yaalaa dhuunfaa• Kilinika dhuunfaa kan guyyaa

	Qorichaan ulfa baasuu (Medication abortion)	Baqaqsuu ulfa baasuu (Surgical abortion)
Eessatti raawwataa?	Gorsi wal'aansaa kilinika yoan bilbila irraan (telehealth) kennamee ulfa baasun garuu qe'eetti yokan naannoo sana fakkaatutti raawwatama.	Hospitala yokan bakka wal'aansa fayyaa guyyuutti (day surgery unit).
Yeroo hangam fudhata?	Yeroo hedduu (average) qorichi jalqabaa fudhatametti aansee kan lammaffaa sa'aa 24 hanga 48 keessatti sa'aa afurii hanga jahaa gidduutti ulfi bahuu jalqaba.	Yeroo hedduu wal'aansi kun hanga daqiqa 15 fudhata, of qopheessuu fi yeroo dandamachuu (boqochuu) kan sa'aa hanga tokko fudhatu dabalatee
Ulfa sadarkaa kamii irratti raawwatamee?	Yeroo ulfi raajii (ultrasound) dhaan argamuu danda'u, fi hanga torbanoota sagaliitti	Miidhaa kan hin qabne (safest) fi yeroo hedduu torbanoota 6 fi 12 gidduutti kan raawwatamuu dha. Sadarkaa ulfaa tutturaa taheef tajaajila yertuutu argamuu danda'a) kun ammaa waan baratame (common) miti.
Dhiiguun ni jiraa?	Dhiiguun guyyoota 10 hanga 16 turuu danda'a.	Dhiiguun dubartotoa gidduutti adda adda, saphlachuu yokan baay'achuu danda'a. Torbanoota muraasaaf itti fufuu danda'a, yeroo hin eegamnee (unpredictable) fi yeroo isaa hin eegne (irregular) tahuu danda'a.
Gatiin isaa meeqa?	Waa;ee odeeffannoo gatii isaaf tajaajila kan kennan qunnami.	Waa;ee odeeffannoo gatii isaaf tajaajila kan kennan qunnami.
Akki itti ulfa of irraa dhorkan (contraception) yeroo akkamii eegalama?	Akki itti ulfa of irraa dhorkan (contraception) irra guddaan isaaakkuma ulfi baheen yokan akka qorichaan ulfichi baheen taha.	Akki itti ulfa of irraa dhorkan (contraception) guyyuma ulfi baqaqsaadhaan (surgical) raawwatame irraa eegalee taha.

Odeeffannoo Dabalataa

Waraqaan dhugaa (fact sheet) kun waraqaalee odeessii sadan waa;ee ulfa of irraa baasuu (abortion) kan Qajeelcha Afaan Hiika Fayyaa (Health Translations Directory) keessaa is tokko. Akkasumas maaloo laali:

- Tariiba ulfa baasuu (Abortion procedure) – Qoricha (medication)
- Tariiba ulfa baasuu (Abortion procedure) – baqaqsuu (surgical)

Gargaarsi eessaa argama

- 1800.my.options.vic.gov.au Bil. [1800 696 784](tel:1800696784) Afaan deebisa/hiikaaf 131450
- Doktora Fayyaa Kee (GP)
- [Karorra Maatii Victoria \(Family Planning Victoria\)](http://www.karooramaatii.vic.gov.au) Bil. (03) 9257 0100 yokan tola bilbiluuf 1800 013 952
- Tajaajila fayyaa hawaasaa: <https://www2.health.vic.gov.au/primary-and-community-health/community-health/community-health-directory>
- [Sararaa Gargaarsaa Ulfaa, Dhaloota fi Daa'immaa \(Pregnancy, Birth and Baby Helpline\)](http://www.sararaa.vic.gov.au) 1800 882 436

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.

© Taligaa Victoria (State of Victoria), Damee Tajaajila Fayyaa fi Namoomaa, (Department of Health and Human Services), Amajjii 2019.

<<http://healthtranslations.vic.gov.au/>> irratti argama